ABO Madda DUU ABO

## Waayyanoti Sirna Ireefachaa Oromootaa Danquuf human hidhataa bobbaasan. Malkaa irreefatnaa irraas namoota ittisaa turan, guyyuma kana tajaajila bishaanii Bishooftuu irraa kutan.



**(Madda Oduu ABO/MOA/Onkoloolessa 7.2009)**Ayyaanni irreefatnaa Oromoo Bishooftuu hora Arsadiitti tahe haala ho'aa fi guddaan ummati kitil 3-n lakkaayaman irratti argamuu maddi Oduu ABO gabaase. Ayyaanni bara kanaa akka baroota darbaniitti haamlee qabeessaa fi jabinaan akka milkii hin godhatiiniif mootummaan TPLF jala deemtota isaa itti bobbaasuun sina irreeffatnaa Oromoo kana danquuf carraaqaa ture.

Ayyaanni kana irratti,waltajjii abbootiin gadaa fi hangafoonni irratti kadhatanii fi ummata Oromoo barsiisan guutummaatti jalee Wayyaanee OPDOn dhuunfatamee abbaan biyyaa fi abbootiin malkaa akka irratti hin kadhannee fi hin barsiifne dhorkatamanii bakka xiqqaa gaaddisa jala qofaatti bahanii dhaabbatanii Waaqa uumaa kadhachuu fi barnoota irraa barbaachisu kennanii jiru. Qondaaloti Wayyaanee Oromoota malkaa sanitti irreefatu marga abbaa biyyummaa dhorkachuun ofii waltajjii dhunfachuun waayee mishooma biyyaa lallabuu fi dhaadessa kijibaa kan sirna bulchiisa Mallas Zeenaawwii dhageessisaa turan.

Kana malees Oromooti gara malkaatti deeman yeroo irraa gara yerootti hidhattooti Wayyaanee dhaabatanii sakkataa bal'aa gaggeessuun ummata haamlee dhorkuu fi cabsuuf' ifaatuu fidheekkamsaan yeroo dabarsan argama.



Ummati sakata'a jala darbee bakka irreechaa gaheef ammo dhaamsi fi barumsi sirna irreechaa ilaalchisee kennamu hafee waltajjii dabbaalootii fi matootiin OPDO dhunfachuun ummata baaragsaa akka turan MOA gabaasa.

Bakki irreefatnaa malkaan yeroo ammaa kanatti ijaarsa manaa fi mukeenniin dalleefamee waan jiruuf kana malees daandiin irra darbanii gara malkaatti bu'anii irreefatan ammo hawwisoo sirna mootummaa Wayyaanee dhadeessitu baandii Biiftuu jedhamuun qabamee karaan waan cufameef jecha ummati daandii irra darbee malkaatti bu'u dhabee dhiphachuu fi waldhiibboon rakkachaa akka turan gabaafame.

Gabaasi MOA akka jedhutti, bara darbe 2008 keessa iddoo mooraa malkaa keessatti namoonni haamilee cimaadhaan sirbaa turan poolisoonni Wayyaanee TPLF humna addaa kanneen jedhaman akka hin sirbamneef ummata reebuu dhaan bittinneessaa turan.Irreecha bara kanaa irratti ammo kan bara darbee irra caalaatti hammaatee namoonni mooraa seenee akka irreefataniin osoo hin dhaabatiinii fi osoo waan hin jedhiin kallattiin of irra galagalanii akka naannoo san irraa deemaniif humni addaa hidhataan Wayyaanee ummata ari'aa turan.Garii gara bakka irreechaatti dabarsuu waan hanqataniif ummanni garee gareen wal qoodee ayyaana irreefachaa uumaan argate kana kabajuuf magaala keessatti wal gurmeessee kabajataa ture.





Waltajjii ayyaana Oromootaa argamtooti Wayyaanee dhunfachuu irraan kan ka'e Koreen Aadaa fi Seenaa W.M.T akkuma durii wal qindeessee kan deeme yoo ta'u Waltajjii durii irraa ergamtoota Wayyaaneen dhiibamanis achumatti waltajjii xinnoo gaaddisa mukaa jalatti uummachudhaan baruumsa kennanii jiru. Dhiibbaa irraa kan ke'e koreen kun sagantaa aara-galfii

fi walisa irreecha faarsu naannoo malkaa dhalootaan argatanitti godhachuu hanaqatanii Hoteela dhuunfatti godhachuun dhaamsa barbaachisaa ta'e sirbaa fi faaruun dabarfachuu isaanii baasaan MOA addeessa.

Sirbooti naannoo sanitti baayyinaan sirbaman keessaa hangi tokko:-

Yaa Rabbi  situ beeka murtii
wanti dhuftee hin dabarre eessa jirtii?
Qoosaa dhiisii dhiisii,
Abbaan biyyaa dhufee karaa gallakkisii!
Hookahoo hookahoo dura gorii
Roorroo fakkaattii

Dura gori roorroo fakkaattii....




Kan jedhufaatu ture.

Gama biroon guyyuma irreechaa kana magaalaa Bishootuu keessaa bishaan dhugaatii fi bishaan tajaajila ummataaf kennu guutummaatti cituu irraan ummati Oromoo magaalaa san keessaan dabruu fi achi keessa ture bishaan dhabuun hedduu dararaman,Hoteloti hundi bishaan ittiin harka dhiqatan dhabuun rakkoo mootummaa Wayyaaneen tahe jedhee saba Oromoo irratti hojjetu gama kaaniin  ammoo dhukuboota daddarbaa yeroo ammaa garaa kaasaa biyyattii fixaa jiruuf saxiluuf akka tahe irreefatoonni Oromoo hubatanii jiraachuu beekameera.

Kana malees guyyaa gaafa irreechaa tahe jedhee gitiin geejjibaa karaa Finfinnee irraa Bishooftuu geessu haalan dabaludhaan kan duraan bobbaan tokko ykn single tripe qarshii. 7 ture qar.14 te’e.Kunis baayyina namoota irreefatnaa dhaqanii hir'isuuf dhiibbaa habashoonni karaa Aksiyoona waldaa konkolaachistootatiin taasisan tahuun hin olu jedhama.

Barruuleen ayyaana irreechaaf qophaayan martinuu karaa irratti tokko tokkoon human hidhataa Waayyeen sakata’amanii dabaraa turan.Barriin gariin akka hin gurguramneef dhiibaan taasifamus Oromoonni bituu irraa hin hanqatne.

MOA